Mennonite Church Eastern Canada

Eenyummaa

Waldaan Menoonite Baha-Kaanaadaa hawaasa Saba garaagaraa keessa Jaalala Waaqayyootiin geeddaramnee, abdii Yesuus nuuf keneen kakane, Humna Hafuura Qulqulluutiin hojiiti kan waamamnedha.

Waldaan Menoonite Baha Kaanaadaa Waldaa Menoonite Aannabaaptiist akka tatuuf waaqayyo akka ishee wame; Waldaa Menoonite Kaanaadaa fi Gumii Menoonite Addunyaa walin immo michuu kakuu akka tate in amanna. Kunis itti fufiinsa aadaa seena-qabeessa kanneen armaan gadii irratti xiyyeeffatuuti: Yesuus bu'ura amantii keenyaati; hawaasni immoo gidduu-gala jireenya keenyaati; walitti araarsuun galma hojii keenyaati. Akka hawaasa gumii amantootatti ergama Waaqayyo addunyaaf qabu, kuniis akka dubbi isa keessati hundumtuu kenna jaalalaa Waaqyyo isa kara Yesuus mul'ateef deebii akka kenaan jajjabeessuuf dhamanna.

Kaayyoo

Akka waldaa naannoo tokkotti kan walitti dhufneef:

- Walitti qabama amantootaa Waaqeffannatti, duuka-buutoota horachuu fi ergama gooftaa raawwaachuutti jajjabeesuu.
- Hoggantoota abdii, mullataa fi jijjiiramaa jajjabeesuu.
- Ergaa araara Waaqayyoo uumama hundumaf qabu mul'isu.

Duudhaalee

Jaallatamuu – Namooni hunduumtuu Waaqayyo duratti walqixaa fi kabajaan, fakkaattii Waaqayyoon kan uumamanidha.

Hafuuraan deeddebi'u– Waaqeffannaani fi kadhannaan hundee keenya jaalala Waaqayyoo irra kan dhaabuu fi sosochii Hafuuraa faana kan wal nu quunnamsiisudha.

Jijjiiama – Wanta Waaqayyoo jireenya keenya keessattii fi biyya lafaa kana irratti gochaa jiru arguuf hedduu feena. Geeddaramuuf keessi keenya qopheedha.

Hawaasa – Hariiro warra kani wajjiin qabanuun waliin guddanna, baranna, tajaajiilla. Waaqayyoonis waliin dhaggeeffanna.

Simannaa– Namni kamuu gara teessoo ayyaana Waaqayyootti affeeramaadha.

Nagaa fi haqummaa – Nagaa Waaqayyoo uumama hundaaf kennu keessa jiraachaa jirra.

Mennonite Church Eastern Canada

Eenyummaan, kaayyoon fi duudhaaleen keenya waliti qabamee akka mul'ata guutuu biyyaa waldaa Menoonite Kaanaadaatti:

Waaqayyo duuka buutota Yesuus Kiristoos akka taanuu fi, humna Hafuura Qulqulluutiin hawaasa ayyaana argatee, gammachuu fi nagaa qabuu tanee guddannee, fayyisuun fi abdiin waaqayyoo karaa keenya biyya lafaatti akka mul'atuuf nu waame.

2022-2027 dursi kan kennameef

- **Jijjiirama Barbaaduu:** Waldaan geeddaramuu akka barbaadduuf aadaa barachuu, maloota haaraa argachuu fi itti baruu gabbisuu. Kunis karaalee Yesuusiin hordofuun fi waliin waldaa kiristaanaa ta'uun ittiin ibsamuu danda'u haaraawa ta'an abuuruu dabalata.

- **Hoggantoota Guddisuu:** Dandeettii hoggansaa jabeessuun fi amantaa uumuudhaan, namoonni hojii waldoota dhaabuu, ergama tiksummaa fi hoggansa hundeessuu keessatti akka hirmaatan gochuu.

- **Duuka Buutummaa Dhalootarra Darbee Jiraatu** Duuka buutummaa Dhaloota Darbee Jiraatuu fi amantaa uumuu, akkasumas dargaggoonnii fi ga'eessonni reef-ga'oon carraawwan dandeettii hoggansaa guddisan keessatti akka hirmaatan gargaaruuf waldootaa fi ministiroota faana waliin hojjechuu.

- **Garaa-garummaa hammachuu:** Waldaan adda addummaa fi badhaadhummaa saba Waaqayyoo akka qoratuuf affeeruu fi dhiibbaa gochuu. Wammicha keenya garaa-garummaa, hammachuu fi aadaa hedduu hammatte jiraachuuf jijjiramaa garaa keenyaa, yaada keenyaa, tarsiimoo fi caasaa barbaachiisa.

- **Nagaa fi Haqummaa Barbaaduu:** Barumssa amantii Anaabaptiist-Menoonitii irraatti kan hund'a'e dhimmoota nagaa fi haqaan walqabatan waldootiin akka hojjetaniif gargaaruu fi deeggaruu. Hariiroo Jiraattota Buleeyyii fi Qubattoota gidduu cimsuu, haala qilleensaa, aadaawwan garaagaraa gidduu walitti dhufeenya jiru cimsuu fi saanyiin adda baasuu balleessuun wantoota yeroo kanatti xiyyeeffannoon itti kennamudha.